# Qormaatilee Guutuu Isteetii: Qajeelfama Hirmaannaa fi Odeeffannoo Diddaa Maatii/Guddisaa

Hirmaannan barataan keessan qormaatilee isteetii guutuu keessatti godhan manni barumsaa fi aanan keessan barattoonni hundi barnoota qulqulluu argachuu isaanii akka mirkaneessan waan godhuuf barbaachisaadha. Yeroo darbe keessa, barattoonni hir'ina qaamaa qabanii fi barattoonni Afaan Ingiliffaa yeroo hunda qormaatilee isteetii guutuu irraa hambifamaa turan. Barattoonni hundi qormaatilee isteetii guutuu akka fudhatan gaafachuudhan, manneen barnootaa fi barsiisonni barattoonni hundi akkamitti akka hojjechaa jiran ilaaludhaaf odeeffannoo dabalataa ni qabaatu. Kuni manneen barnootaa itti fufiinsan barnoota isaan kennan akka fooyyessani fi gareewwan, kutaawwan, yookan barnoota deeggarsa dabalataa barbaadan akka adda baasan gargaara.

## Qormaatilee Ulaagaaletti Hidhatan

Qormaatileen guutuu isteetii Ulaagaalee Barnootaa Minnesotaa (Minnesota Academic Standards) yookan Ulaagaalee Guddina Afaan Ingiliffaa ( English Language Development Standards) WIDA iratti hundaa'u. Ulaagalen kunneen beekumsaa fi dandeettiwwan barattoonni manneen barumsaa uummataa fi chaartara ta'an Oolmaa Daa'immaniitii - 12 jiranii ibsu. Minnesotaan barnoota qulqullina olaanaadhaaf dursa kan kennu yoo ta'u, qormaatileen guutuu isteetii barsiisonnii fi hooggantoonni milkaa'ina barataa fi mana barumsaa akka madaaalan carraa uumu.

### Qormaatilee Waliigalaa Minnesotaa (Minnesota Comprehensive Assessments, MCA) fi Qormaata Dandeettiwwan Barnootaa Minnesotaa (Minnesota Test of Academic Skills, MTAS)

MCA fi MTAS qormaatilee barreeffamaa, herreegaa fi saayinsii waggaa fakkii barataa Ulaagaalee Barnootaa Minnesota K–12 baratuu lakka'aniidha.

### ACCESS fi ACCESS Filannoo Barattoota Afaan Ingiliffaatif

ACCESS fi ACCESS Filannoo qormaatilee waggaa barattoota Afaan Ingiliffaa odeeffannoo waa'ee guddina Ingiliffa barnootaa Ulaagaalee Guddina Afaan Ingilifaa WIDA barachuu irratti jiru kenna.

## Qormaatileen Guutuu Isteetii Maatilee fi Barattoota Garagaaru

Qormaatilee guutuu isteetii irratti hirmaachun, milkaa'ina isaan mana barumsaa keessatti qaban jajjabeessuu akka danda'an, maatileen fakkii beekumsa barataa isaanii akka baran gargaara. Barattoonni mana barumsaa sadarkaa lammaffaa firiiwwan MCA fayyadamuu danda'u:

- Ramaddii barnootaa koollejjii yookan yuunversiitii Isteetii Minnesotaatif. Yoo barattoonni firii koollejjiidhaf qopheessu argatan, barumsa sanaaf barnoota deeggarsaa, kireeditii hin qabne fudhachuu isaan barbaachisuu dhiisuu mala.
- Filannoowwan Galmee Sadarkaa Lammaffaa Boodatiif (Postsecondary Enrollment Options, PSEO) fi Koollejjii sagantaalee Manneen Barumsaa keessaa.

Barattoonni Ingiliffaa ACCESS yookan ACCESS Filannoo fudhatanii fi ulaagaalee muraasa guutan carraa sagantaalee barataa Ingiliffaa keessaa bahuu qabu.

## Qormaatilee Guutuu Isteetii Fudhachuuun Mana barumsaa Barataa Keessanii Gargaara

Qormaatileen guutuu isteetii mana barumsaa fi aanaa keessanii odeeffannoo waa'ee barattoonni hundi akkamitti akka qabiyyee isaan mana barumsaatti baratan irratti hirmaachaa akka jiranii kenna. Odeeffannoon kuni kan gargaaru:

- Barsiisonni meeshaalee barnootaa isaanii akka madaalan.
- Manneen barnootaa fi aanaalen haqa-maleessummaa gareewwan gidduu jiran adda baasu, sababoota jalqabaa abuuruun deeggarsa hojiirra oolchu.
- Hooggantoonni mana barumsaa fi aanan murtii waa'ee akkamitti maallaqaa fi qabeenyota barattoota hunda deeggaruuf itti fayyadamanii dabarsu.

## Hirmaannaa Barataa Qormaatilee Guutuu Isteetii

Hirmaannan barataa qormaatilee sadarkaa isteetii fi naannootti barbaadaman keessatti godhuu, filannoo maatii/guddisaati. Yoo barataan keessan qormaatilee guutuu isteetii keessatti akka hin hirmaanne filattan, maaloo unkicha irratti sababa murtii keessanii kennaa.
Waa'ee qormaatilee naannotti barbaadamanii dabalata baruf mana barumsaa barataa keessanii dubbisaa.

## Bu'aalee Qormaatilee Guutuu Isteetii Keessatti Hirmaachuu Dhiisuu

- Barataan qabxii dhuunfaa hin fudhatu. ACCESS fi ACCESS Filannootif, baratichi carraa sagantaa barataa Ingiliffaa keessaa bahuu hin qabaatu.
- Firiiwwan qormaata mana barumsaa fi aanaa hir'uu ta'a, kunis barnoota barataa irratti fakkii sirrii argachuun akka baay'ee cimu godha.
- Barattoonni gahumsa qaban hundi yoo hin hirmaanneyyuu waan hammatamaniif, bu'aawwan itti gaafatamummaan mana barumsaa fi aanaa ni miidhamu. Kuni manni barumsaa deeggarsaaf akka hin eeramne yookan milkaa'inaaf akka beekamtii hin arganne miidhuu mala.

Bu'aawwan hirmaachuu dhiisuu kan biraa kamiyyuu yoo jiraate ilaaludhaaf, mana barumsaa yookan aanaa naannoo keessanii biraa mi9rkaneeffadhaa.

Fuula Qormaata Guutuu Isteetii Ilaalaa odeeffann

(education.mn.gov > Students and Families > Programs and Initiatives > Statewide Testing)

### Odeeffannoo dabalataa

- Giddugaleessan, barattoonni waggaa waggaadhan qormaatilee guutuu isteetii fudhachuudhaf yeroo barumsaa dhibbeentaa 1 gadi fudhatu.
- Seeronni Minnesotaa, kutaa irratti hundaa'udhaan yeroo barattoonni qormaatilee guutuu aanaa yookan mana barumsaa isaan biroo fudhachuudhaf waggaa waggaadhan balleessan sa'aatiwwan 11 yookan isaa gaditti dangeessu.
- Aanaalen mana barumsaa u manneen barumsaa chaartara ta'an sagantaa qormaataa marsariitii isaanii irratti jalqaba bara barnootaa akka maxxansan ajajamu. Odeeffannoo dabalataa waa'ee qormaatilee argachudhaf, marsariitii aanaa yookan mana barumsaa chaartara ta'e keessanii ilaalaa.

(Hubachiisa: Unkaan kuni bara barnootaa 20___hanga 20___qofaaf hojjeta.)

DEPARTMENT OF EDUCATION

## Qormaata Isteetii Guutuu:: Murtii Maatii/Guddisaa Hirmaachuu Dhiisuu

Unkaa kana guutudhaan, barataan keessan qormaatilee guutuu isteetii keessatti akka hin hirmaannee fi qabxiiwwan dhuunfaa akka hin fudhanne mirkaneessitu. Unkaan kuni dirqama qormaanni jedhamaa jiru kennamuun dura mana barumsaa barataa keessaniitti deebi'uu qaba.

### Odeeffannoo Barataa:

Maqaa Jalqabaa:_____Maqaa Abbaa:_____Maqaa Akaakayyuu: _____

Guyyaa dhalootaa:___/____/_____ Kutaa Ammaa Mana Barumsaa Keessaa: __

Mana barumsaa:_____Aanaa:_____

Maqaa Maatii/Guddisaa (katabame): _____

Mallattoo Maatii/Guddisaa:_____Guyyaa: _____

Sababa Diddaa:

Maaloo qormaata(ilee) guutuu isteetii bara barnootaa kana baraticha irraa hambisaa jirtan agarsiisaa.

☐ Dubbisa MCA/MTAS ☐ Saayinsii MCA/MTAS

☐ Herreega MCA/MTAS ☐ ACCESS/ACCESS Filannoo

Odeeffannoo waa'ee akkamitti akka qormaatilee naannoo irraa hafanii argachudhaf, mana barumsaa yookan aanaa keessan dubbisaa.